# Ibsa Mana Maree Magaalaa Minneapolis Kutaa Tarkaanfii Mirga Dhala Namaa

MINNEAPOLIS - Manni Mare Magaalaa Minneapolis tarkaanfii Kutaa Mirga Dhala Namaa ilaalchisee ibsa armaan gadii baasee jira.

**“George Floyd har’a jiraachuu Qaba**

**Duuti Mr. Floyd hokkara yaaduun nama dhibuu kan warra seera eegdotaa akka waliigalaattii fi keessattuu Kutaa Poolisii Minneapolis iin godhaman keessa isa tokk qofaa dha. Hawaasi keenya, keessattuu hawaasaaleen biffaan addaa qaban gochaa qondaaltota poolisii Minneapolis waggoota kurnaaleen lakkaamanii irraan kan ka’e shakkii gadifageenyaan qabu.**

**Qorannoo Cimaa kan Kutaan Mirga Dhala Namaa Minneapolis Kutaa Poolisii Minneapolis irratti geggeessaa jiru akka gaariitti simanna, nideggerras. Isteeti akka aangoo isaa hundatti gargaaramee Poolisiin Mineapolis badii hundaa fi mirga isaatti akka malee gargaaramuu fi hawaasaalee keenya miidhuu isaatti itti gaafatamaa akka godhu jajjabeessina, ammas adeemsa kana keessatti guutummaatti qooda fudhachuu fi gargaaruudhaaf qophii dha. Akka seenaan kanaan duraa agarsiisu, to’annaan Manni Maree Magaalichaa Kutaa Poolisii irratti qabu Chartera Magaalaa fi Seers Isteetaan hidhamee jira. Tarkaanfiilee fi akkaataa haaraa ittiin caasaa fi jijjiiramni hariiroo ittiin nageenya hawaasaa eegan fooyya’uu ni degerra. Hojii Murteessaa kana shariikota keenya kan Isteetaa waliin ta’uudhaan hojjettoota magaalaa, akkasumas Qajeelchaa Mirga Civilii Velma Korbel fi Qondaala Polisii ol’aanaa Medaria Arradondo gargaaruudhaan sagaleen ummataa gidugaleessuummaadhaan akkaataa har’a ibsameen dhagahama akka argatu ni goona.”**